Tartiiba Dhugaa Barbaaduu

3

# Ergaan Tokko Qofa !

Dr.Naajii I. Arfajiin kan Qophaa'e.

Afaan Oromotti KAN HIIKE:

***Tashitee Roobee***

***Adoolessa, 2014***

***Finfinnee***

## Gumaacha

- Warroota amanummaadhaa fi dhugaadhaan dhugaa barbaadaniif sammuu xiinxallituu fi dandeetti hubannoo qabaniif

*Ergaan Tokko Qofa !*

# Baafata


Gaafilee Dubbisa Duraa 4

Kolbumatti (Qajeellomatti) gara ijoo 5

Tokkochummaa Rabbii Macaafa Qulqulluu (Kakuu Moofaa) keessatti 6

Tokkochummaa Rabbii Macaafa Qulqulluu ( Kakkuu Haarawa) keessatti 21

Tokkochummaa Rabbii Qur'aana Qulqulluu keessatti 22

Gulaala

## Gaafilee Dubbisa Duraa:

1. “Ergaan tokko Qofa” jechuun kun Maaliidha?
2. Macaafni Qulqulluun waa'ee isa kanaa maal jedha?
3. Qur'aanni Qulqulluunis maal jedha?
4. Ilaalchi kee hoo dhimma kanaaf?

## Kolbumatti (Qajeellotti) gara ijoo

Seenaa dhala namaa keessatti, Aadam hanga uumameen booda ergaan bu'uraa tokko irra deddeebi'aa gara namootattii darbaa tureera.

Dhimma kana namoota yaadachiisuudhaan gara daandii sirrii ta'etti deebisuudhaaf Nabiyyootnii fi Ergamooleen hedduun kan akka Aadam , Nuuh , Ibraahim , Muusaa , Iisaa fi Muhaammad Rabbii Dhugaa Tokko kan ta'e irraa akka ergaa Isaa geessaniif ergamanii turan. Sunis:

***Rabbiin Dhugaa Tokkochuma Qofa Isuma Qofa Waaqefadhaa Ykn Gabbaraa, Ajaja Isaas Eegaa.***

## Rabbiin Dhugaa, Uumo

| **Ergeera:** | **Akka geessaniif:** |
| --- | --- |
| **Aadam** | ***Rabbi Tokkicha*** |
| **Nuuh** | ***Rabbi Tokkicha*** |
| **Abrahaam** | ***Rabbi Tokkicha*** |
| **Muusaa** | ***Rabbi Tokkicha*** |
| **Iisaa** | ***Rabbi Tokkicha*** |
| **Muhaammad** | ***Rabbi Tokkicha*** |

Rabbiin ergamtoota gurguddoo kanneeniif akkasumas Nabiyyootaa fi

Ergamtoota biroos kan nuti beeknuu fi kan nuti hin beeknes kan ergeef

hujiiwwan baay'ee fi ergaalee haa raawwataniif yoo ta'u isaan keessaa ammoo gariin isaanii:

1. Qajeelfama Rabbirraa fuudhanii gara ummataatitti akka geessaniif.
2. **Tokkochummaa Rabbi**akka barsiisanii fi gara Rabbiin qofa gabbaruutti akka waamaniif.
3. Ummata isaaniitiif fakkeenya gaarii akka ta'aniif.
4. Ummata isaanii gara sodaa Rabbiititti akka gorsaniif akka ajaja isaallee eeganiif.
5. Hordoftoota isaanii amantii barbaachisaa namusa garii fi

jireenya addunyaa tanaas akka barsiisaniif.

6. Warroota daandii irraa daban fi ajaja Rabbii didan ykn rabboota biroo ykn dhakaa fi muka gabbaran akka qajeelchaniif.
7. Namootatti galli xumura isaanii (Guyyaa Xumuraa) fi maaltu gara Jaannataa fi Ibiddaa akka nama geessu barsiisuudha.

**Rabbiin Isuma kana** kan Nabiyyootaa fi Ergamtoota uumee fi ergellee. Inni Uumoo namoota maraa, beeyladootaa fi wantoota jiran hundaa ti. Isuma **Tokkocha kana Rabbiin Dhugaa** kan dachii fi samii waan isaan keessa jiran wajjiin uume. Inni kan jireenya, du'aa fi jireenya du'aan boodaa illee uumeedha.

Tokkochummaan Rabbii dhugaa kun, kan Uumoo, ifa gala ta'ee kan mul'atuu fi kitaabota Qulqulluu Yahuudotaa , Kiristaanotaa , Musliimotaa fi kan biroo keessattis dubbisuun ni danda'ama.

Namni garaa qulqulluudhaa fi xiyyeeffannaadhaan yaada Rabbii Qur'ana qulqulluu fi Macaafa qulqulluu irratti hundaayuudhaan yoo qorate garamaan dhugaa yoo barbaadate maalummaa addaa kan Rabbii dhugaa ta'ee irra gahuu ni danda'a.

Maalummaa addaa kan Rabbiin Dhugaa qabu keessaa wantootni kanaa gaditti ibsaman kan rabboota sobaatiin adda baasuudhaaf nu gargaaran:

- Rabbiin dhugaa Uumo malee,uumamaa miti.

- Rabbiin dhugaa Tokkicha. Sadihii miti ykn achii olii miti ykn yagutoo hin qabu waan isaan wal qixxaa'u tokko illee hin qabu.
- Rabbiin dhugaa Tokkichi kun hin mul'atu; jireenya adunyaa kana irratti namni tokko illee Isa arguu hin danda'u. Inni qaamaanis waan biraatti fakkeeffamuudhaan kan mul'atuu miti.
- Rabbiin DhugaaTokkichikun ammoo jiraataa bara baraati; hin du'u ykn hin jijjiiramu.
- Rabbiin DhugaaTokkichi kun hajaa nama tokkottuu hin qabu kan akka haadhaa,haadha-manaa ykn ilmaa ; ykn waan akka nyaataa, dhugaatii fi gargaarsatti hin hajamu. Haata'u malee

wantotni biro hundu Isa irraa ni hajaman.

- Rabbiin Dhugaa Tokkichikun akkaataan ykn haalli Isaa waan mara irraa adduma;Wanti tokko illee kan akka Isaa hin jiru.Fakkeenyi akka namaa fi bineensotaakan Isaaf taasifamu hin jiru.

Ulaagaalee fi akkaataa Isaa kanneeniif kkf fayyadamuudhaan hubannoo godhannee falmii sobaa kamiiyyuu morminee kufaa taasisuu ni dandeenya.

Mee amma ragaalee Ergaan Tokko Qofa ta'uukan asiin olitti ibsamanirratti murtii Macaafa Qulqullu fi Qur'ana Qulqulluu keessaatti kan tokkummaa Rabbii mirkaneessanitti haa deebi’uu.

Garuu sanaan duratti yaada kana dursee isin wajjiin qoodamuu ni barbaada.

Kiristaanonni gariin dinqisiifachuu ni danda'an, “Rabbiin tokkicha qofata'uun ifa-galaadha. Nutis Rabbuma tokkichatti amanna.Kanaaf qabxiin ijoon

Haa ta’uu malee kanuma irraa ka'uudhaan ragaalee kiristaanaa hedduu jiran dubbisuu fi qorachuu irratti hundaa'udhaan akka dubbifama warra Kiristaanaa hedduu qo'adhee fi qoradhettis ta'ee marii isaan wajjiin

adeemsiseetti hubannoon isaanii kan Rabbii tokkochaafqaban akka kanaa gadiititti ta'uu hubadhee ni jira:

1. Rabbi Abbaa.
2. Rabbi Ilma.
3. Rabbi hafuura qulqulluudha.

Kanaafuu hubannaa sammuu fi ragaa qabatamaa irratti hundaa'uudhaan namni garaa qulqulluu fi amanummaadhaan dhugaa barbaadatu tokko gaafilee asii gadii kaasu ni danda'a:

- Maal jechuu keessan yoo Rabbiin tokkicha jettan odoo rabboota sadi nutti eertan?
- Rabbiin tokkicha sadi keessaati mo'o sadi tokkocha keessaati?(1 ,3 keessaamo'o 3 keessaa 1)?!

Dabalataanis akka amantaa kiristaanaatti rabbootiin sadii kanneen eenyummaa, fakii (Suuraa), gayee hojii fi dalagaa adda addaa ni qaban.

1. Rabbi abbaan = Uumo
2. Rabbi Ilma = Fayyisaa
3. Rabbi hafuura qulqulluu =Araarso

Yasuus yoo akka jedhame Rabbiin ta'ee jiraate ykn qaama Rabbii tokkichaa ta'e gabaasa Macaafa Qulqulluu kan"Rabbiin namni tokkooyyuu arguu hin danda'u, sagalee isaallee dhagayuu hin danda'u jedhuun walitti hin bu'uu? Macaafni qulqulluun akkanatti ibsa:

- Sagalee isaa illee dhageette hin beektu akkasuma fuula isaa illee hin argine. (yohaannis 5:37).
- Eenyu illee Isa hin argine.Eenyu illee isa arguu hin danda'u.
  (1 Ximootiwos6:16)
- Eenyu illee ana argee kan lubbuun jiraatu hin jiru. (Exodus 33:20).

kanneenii fi ragoolee biroo kanneen macaafa qulqulluu keessa jiran irratti hundaa'uudhaan garaa qulqulluu fi amanummaadhaan kan ani gaafadhu: "Akkamitti amantaa Yasuus Rabbi jedhuu fi ragaalee macaafa qulqulluu keessaa kan namni tokko illee Rabbiin hin argine , sagalee Isaa illee kan dhagaye hin jiru jedhu walitti araarsuu dandeenya?"

Yahuudonni yeroo isaa jiran, maatii fi hordoftoonni isaa Yasuusiin (Rabbii Ilma ta'e, akka warri gariin amanutti) hin arginee,sagalee isaas hin dhageennee?

**Iccitiin ykn yaadni dhoksaa wayii jiraatinaa waa'ee Rabbii Dhugaa ilaalchisee?**

Macaafa qulqulluu keessatti Rabbiin dhugaa jajjabeessee akkana jedhee Ragaa ni baha"Ani Rabbi, Rabbiin biroo hin jiru. Ani Iccitiidhaan hin dubbanne ykn yaada kiyya illee dhoksaatti hin qabanne....Ani Rabbi, Ani dhugaa ni dubbadha; waan sirrii ta'es akka beekamu taasiseera"(Isaayyaas45:19).

Kanaafuu, dhugaan maaliidha?

Yaaboo mee keewwata

Amma adeemsa keenya kan dhugaa barbaaduu gara Macaafa qulqulluu fi Qur'aanaa qulqulluutti haa deebifannu.

Adeemsa kanaan booda yaaddoo guutuudhaan, ija xiinxallaatiin, garaa qulqulluudhaaf amantummaadhaan kitaaba tana keessattuu keewwatoota asii gaditi caqafaman yoo dubbiftan ilaalcha keessan beekuu ni barbaada.

**Yaada kana bilisa tayee dhiyeessuudhaaf keewwattoota kaneen akkuma jiranitti lafa kaa'eera.**

**Mee yaboo uf-eeggannoo, xiinxallaa fi yaadota duraan sammuu keessa nu jiru yeroodhaaf irraanfachuudhaan haa dubbifnuu.**

## Rabbi Tokkicha Dhugaa Macaafa Qulqulluu (Kakuu Mofaa) Keessatti:

- Dhaga'i Yaa Isaraa'el! Gooftichi Waaqayyoon keenya kophaa isaa Gooftaadha"(Daawit 6:4)
- Goftichi tokkichi hafuura jireenyaa nuuf godhee nu hin jiraachifnee?(Malachi 2:15)
- Akka beektanii natti amantaniif Ani Isumaa akka hubattan. Ana dura Waaqayyo kan biraa hin taasifamne ,Ana boodas Waaqayyo kan biraa hin taasifamu. Ana, Anatu Waaqayyoodha, Ana malee fayyisaan hin jiru.(Isaayyas 43: 10-11)

- Ani isa jalqabaati, isa dhumaatis; Ana malee waaqayyo kan biroo hin jiru. Kan akka kootii eenyu?

(Isaayyaas 44:6)

- Ana malee waaqayyoon biraa hin jiru, Rabbiin kolbaa fi fayyisaan; Ana biratti tokko illee hin jiru. Natti deebi'aa akka fayyitan…. Jilbis kan jilbiinfatu Ana qofaaf.

(Isaayyaas 45:21-23)

Kanneen asii olitti caqafaman kuniin kan kakuu moofaa keessaa fudhataman.

***Fakkaataa biroo***

***ni yaadattuu isinis ?***

Rabbii Dhugaa tokkicha Macaafa Qulqulluu(Kakuu haarawa) keessatti:

- Namtichi tokko itti ni jedhan, barsiisaa gaarii, waan gaarii maal haa hojjadhu akka jireenya bara baraa argadhu ? Achii innis (Yasuus) ni jedheen, maaliif gaarii naan jetta? Gaariin tokko illee hin jiruu Rabbii tokkicha malee.(Maatiwos 19:16-17Macaafa maxxansaa King James Keessatti)
- Kun amma jireenyabara baraa fi akka ati Rabbii Dhugaa taatee fi Yasuus Kiristoosiin Ati ergite haa beekaniif.(Yohaanis 17:3)

- Yommus Yasuusi immoo,"seexana nana argaa koo duraa deemii Waaqayyoo kee gooftichaaf jilbiifattee sagadi Isa qofaa waaqefadhu kan jedhu caafameera jedheen" Maatiwos 4:10

- Yaa Isiraa'el dhagayi! Gooftichi waaqayyoon keenya kophaa Isaa gooftaadha. (Maarqoos 12:29)

- Rabbi Tokkichuma qofa, namaa fi Rabbiin gidduu illee kan jiru nama kan ta'e Yasuus Kiristoosiidha.

(1 Ximootiwos 2:5)

Kan biroo ni yaadattuu Rabbiintokkicha qofa ta'uu

kan mirkaneessan ?

(Sadii miti !)

Rabbiin Dhugaa Tokko Qofa Ta'uu Qur'aana Keessaa:

- Jedhi: Inni Allaahii, tokkocha; Allaahiin jiraataa bara baraa qulqulluudha; Hin dhalu, hin dhalannes; kan akka Isaa tokko illee hin jiru. (112: 1-4)

- Gabaramaan Dhugaa Ana malee hin jiru; Anuma qofa waaqefadhaa. (21:25)

- Warri Allaahiin waantota sadan keessaa isa tokko jedhu dhugumaan Rabbiin dide, gabbaramaan dhugaa Rabbiin malee waan hin jirreef. Yoo isaan waan jedhan kana dhiisuu baatan adabbii cimatu isaaniif jira isaan warra Rabbiin didaniif.(5:73)

- Gabbaramaan dhugaa ni jiraa Allaahiin biratti ? Gonkumaa irra hedduun isaanii hin beekaniiyyu. (27:61)

- Gabbaramaan dhugaa ni jiraa Allaahiin biratti ? Oli ta'e Allaahiin wantoota isaan Isaan walitti qixxeessan hunda irraa. (27:63)

- Gabbaramaan dhugaa ni jiraa Allaahiin biratti ?jedhi "Ragaa keessan fidadhaa yoo kan dhugaa dubbatan taatan!"(27:64)

**Dhugumaan ergaan kun kan Tokkochummaa Rabbii irratti hundaa'e(Tawhiida afaan Arabaatiin) Qur'aana keessattiijoo barbaachisaadha.**

## Goolaba (conclusions)

Keewwatootni kunniinii fi fakkaataan dhibbootaan lakka'aman Qur'aanaa fi Macaafa Qulqulluu keessatti ragootii Tokkochummaa Rabbii mirkaneessanii fi ergaan barabaraa kan darbaa tures waa'ema tokkochummaa Rabbii qofa kan mirkaneessudha. "Anatti gara galaa amma akka fayyitaniif ummatni addunyaa martinuu !Ani Rabbiin Tokkichii Anuma qofa kan jiru."(Isaayyaas 45:22)

Macaafni qulqulluun Rabbiin tokkicha qofa ta'uu kan mirkaneessu ta'uu caalaa illee Rabbiin dhugaa Uumoo fi Innumti qofa fayyisaa ta'us ni ibsa.

"Akka beektanii natti amantiif Ani Isumaa akka hubattan. Ana dura Waaqayyo kan biraa hin taasifamne ,Ana boodas

Waaqayyo kan biraa hin taasifamu.Ana, Anatu Waaqayyoodha, Ana malee fayyisaan hin jiru."(Isaayyas 43: 10-11)

Kanaafuu, akkaataa ragaa mirkaneessaa kanaatiin Rabbootiin sobaan taasifaman martuu kan akka Yasuusii, hafuura qulqulluu, Birahmaa,Vishina, shiiva, kirishnaa ykn Budihaa Rabbootaa mitis, ulaagaa Rabbii Dhugaa illee guutuu hin danda'an.

Sababaa amantii sobaaf Yahuudotni rabboota biroo waaqeffataniif "Dallansuun Rabbii kan isaan qabeef". (25:3)Akkuma kana Musaanis waatiyyoo(jabbii) sobaa kan Rabbitti fakkeeffamee worqee irraa hojjatame caccabseera.

Harka birootiin sababaan kiristaanotiin duraa kanneen Rabbii tokkocha qofatti amanan tumamaa turanii fi biyya irraa ari'amaniif waan isaan tokkochummaa Rabbii dhugaa yaada haarawa Phaawuloosiin uumame sillaaseedhaan wal-jijjiiruu didaniif qofa.

Mataa dubbii walitti goolabuudhaaf Nabiyyootiin Rabbii martuu Aadamiin, Nuhiin, Abirahaamiin, Muusaa, Yasuusii fi Muhaammadiin dabalatee kan ergaman Rabbuma tokkocha Uumoon ta'een haagabbaraniifi Ergama Tokkocha Qofa akka dabarsaniif:

**Rabbiin dhugaa tokkochuma qofa.Isuma qofa gabbaraa, ajaja Isaa illee eegaa** akka jedhaniif.

Nabiyyootni sunniin martuu fi ergamtootni illee ergaa tokko qofa waan

gorsaniif **amantiin isaanis tokko ta'uu ni qaba!** Kanaafuu amantiin nabiyyootaa fi ergamtoota sanniin hundaa maaliidha ?

Rabbiif ajajamuun hundee ergaa nabiyyoota sanniin maraati. Jechi Rabbiif ajajamuu jedhu mataan isaatuu Isilaama jechuudha hiikkaan isaa kan Afaan Arabaa.

Isilaamummaan amantii nabiyyootaa fi ergamtoota Rabbii ta'uu Qur'aanni ni mirkaneessa. Ragaan Qur'aana keessaa kun Macaafa Qulqulluu keessattis ni mul'ata. Inni kun ammo kan yoo Rabbiin jedhe kitaabota itti aanan keessatti dubbannu ni ta'a.

Walumaagalatti fayyuudhaaf ergaalee asii olitti caqafaman fedhiidhaan, onnee guutuudhaan

fudhannee itti amanuu ni qabna. Haa ta'uu malee kana qofa godhuun gahaa miti. Nabiyyoota dhugaa maraa Muhaammadiin dabalatee itti amanuu fi qajeelfama dhugaa kan isaan barsiisan fudhannee hordofuu ni qabna. Karaan kun kan gammachuu fi jireenya bara baraa nuuf argamsiisuudha.

Kanaafuu yoo dhugamaan dhugaa barbaadataa taatee fayyiinsa kan jaalattu taate dhimma kana ammuma irra deebitee ilaaluu ni qabda uduu yeroon sirraa hin darbin.

Du'aan duratti ! Dhihoo ta'uun ni mala !Eenyutu beeka?

Dhimma tokko dabalataan yaada xumuraatiif !

## *Ergaan Tokko Qofa !*

Isaannan sunniin warri dhugaa barbaadan, garaa qulqulluun kan itti yaadayan, ragaadhaan kan deemanii fi kan sammuu banaa ta'een yaadanii dhugaa barbaadan ragaa irratti hundaa'anii waa'ee ergaan tokko qofaa kanaaf gaafilee akkanaa kanneen kaasuu ni danda'an:

- ✓ Kanaafuu dhugaan kam?
- ✓ Anis maal gochuu qaba ?

Atis dhugamaan Rabbii kee Isa tokkochatti amanuudhaan ergamaa Isaa kan xumuraa dhugoomsitee kan kanatti aanu ragaa bahuu ni dandeetta:

***Ani ragaa ni baha gabbaramaan dhugaa hin jiru Rabbii Dhugaa Tokkicha Allaahii malee akkasumas Muhaammad illee ergamaa Isaa ta'uu.***

Ragaan kun jireenya bara baraatiif tarkaanfii isa duraa fi furtuu dhugaa tan balbala jeennataa ittiin seenaniidha.

Yoo daandii kana fudhachuudhaaf murtii irra geette, hiriyyaa kee kan musiliimaa, giddugala Isilaamaa kan naannoo keetii, Imaama Masgiida yookaan ana (barreessaa kitaaba kanaa) yoo qunnamte gammachuun guddaa waan natti dhagayamuuf si gargaaruudhaaf qophiidha.

## ***Eeyyee, gochuu ni dandeetta !***

Jechoota Isilaamaa ibsa isaanii gabaabinnaan

Allaah

Maqaa kolbaa kan Rabbiin dhugaa tokkichi, Uumo ittiin waamamu. Allaahiin Rabbii dhugaa kan ilmaan namaa maraati.(Yahuudota, Kiristaanota, Musiliimtotaa, Hinduwwan fi kkf)

Muhaammad

Nabiyyii xumuraa kan Rabbii Tokkicha Dhugaatti nama yaamu.

Isilaama

Rabbiin dhugaa kan Uumoon ta'eef Allaahiif ajajamuudha. Namni tokko

gammachuu dhugaa fi nagaya illee kan argatuun karaa Rabbii dhugaa kanaaf ajajamuudhaan.

Musiliima

Namni Rabbii dhugaa tokkocha (Uumoof) Allaahiif ajajamu hundinuu Musiliima ni jedhama.

Qur'aana

Jecha Rabbii kan nabiyyii Muhaammad irratti bu'e.

## Writings and Works by the Author

***I. A step by step series of seeking the truth***
*(Following a scholarly and comparative approach):*

**1. Who is He?**
**2. What is His Nature?**
**3. Just One Message!**
**4. What is the Truth?**

**5. What Went Wrong?**
**6. The Beauty of Islam!**
**7. The ABCs of Islam.**
**8. What Is Next?**

***II. Upcoming writings:***

- **Keys to Ultimate Success and Happiness!**
- **A Letter to Janet!**
- **Why 'We'?**

***III. Other works:***

- **A weekly TV program (*using creativePowerPoint and Internet materials*).**
- **TV episodes on video & audio tapes.**
- **Public lectures on Islam**

**For further information, questions, Suggestions, *feedback*, or reactions, Please feel free to contact the author:**

**Dr. Naji Arfaj**
**E-mail: abctruth@hotmail.com**
**info@abctruth.net**

**Website: www.abctruth.net**
**Tel +96655913113**
**P. O. Box 418 Hofuf, Ahsa**
**31982 KSA**

Useful web sites on Islam:
**www.sultan.org**
**www.al-sunnah.com**
**www.islamworld.net**